(SBO Bitootessa 19 Bara 2016) Koongirasiin Amarikaa Dhimma Dhiitamiinsa Mirga Dhala Namaa Oromiyaa keessatti geggeeffama jiru irratti bakka ummatin oromoo BiyyaAmarikaa Kutaa Bulchiinsa gara garaa, Biyya Kanadaa kutaa Ontaarihoo Magaalaa Ottawaa fi Torontoo argamanitti rakkoo Saba oromoo irra mootummaa TPLFn gahaa jiru dhaggeeffachuun mootummaan Amarikaa dhimma kana kan yeroo kamii caalaa xiyyeeffanaa itti kennuun akka faana bu'anu Kongiras Tom Lantos dubbatan.ummatin kumaatamaan waltti dhufe kun Daandiiwwan Washington DC gurgguddoo cufsiisuun Hiriira Nagaa guddaas geggeeffataniiru.

converted by Web2PDFConvert.com

"There is nothing as powerful as an idea whose time has come. The Oromo's time has come. What the Oromo did yesterday in Washington honored the sacrifices of the #OromoProtests in Oromia."
Bonnie Holcomb

## The largest ever seen in diaspora, protests against the fascist TPLF thugs of "Ethiopia" is underway in Washington DC at this moment – April 19, 2016. April, 2016

April 20, 2016

https://youtu.be/3vHFXmck3B8

https://www.oromiamedia.org/2016/04/20/oduu-ebla-19-2016/
April 19, 2016



Ebla 18,2016, Yuunibarsiitii Wallaggaa irraa Barattoonni ja'a fincila xumura garbummaa tiin wal qabatee yeroo ari'aman barattooti saddeet immoo guyyaa borii tti beellamaan akka jiran beekameera

Barattoota engineering waggaa 1 ffaa laman beeka ani:

1.Baahiruu Kabbadaa Dabalaa.

2.Dinqaa Taammiruu Bulchaa fi kkf gara ijoollee 6 har'a ari'an. Boruttis ijoollee 8 gara kutaa displenetti waanan. sababa mid.exam wal qabatee rakkoo guddaatu uumamaa jira

## Har'a Ebla 19,2016 FXG Yuniverstii Wallaggaa Jabaatee Itti Fufe

April 18, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com





## Baqattoota Ilmaan Oromoo Biyya Egypt Cairo Irraa Dooniin Utuu Gara Biyya Italy Imalaa Galaanaa Mediterranean rra Imalaa Jiranii Dooniin Galaanaa Keessatti dhidhimtee Lubbuun Wareegamanii Ilaalchisee Qeerroon Bilisummaa Ibsa Gaddaa Baase.

April 19, 2016

Ebla 18/2016 Hoggansii Qeerroo Bilisummaa Oromoo Baqattoota Ilmaan Oromoo biyya Egypt Cairo irraa dooniin utuu gara biyya Italy imalaa galaana Mediterranean irra Imalaa Jiranii dooniin Galaanaa Keessatti dhidhimtee Ilmaan Oromoo qaaliin Lubbuun Wareegamanii Irbaata Qurxummii taan Yeroo Dhageenyutti Gadda Guddaatu Onnee keenya irraa nutti dhagaaame jirachuu ibsuun, Guddaa guddaa Itti dhagaame jiruu Ibse. Jiruuf Jireenya gabrummaatu kana nutti fidee jechuun gadda Itti dhagaaame Ibsee jira!!

Ilmaan Keenyaa dhaloonnii kichuu galaanaan nyaatamanii wareegamuun hirbaata Qurxummii taan kanaaf sababaa guddaan jiruuf jireenya gabrummaa mootummaa abbaa irree wayyaanee ilmaan Oromoo biyyaa irraa ariiatu tauun ifaadha, dhumaatii ilmaan Oromoo kallattii hundaan gaggeeffamaa jiruuf itti gaafatamaan mootummaa abbaa Irree Wayyaanee EPRDF/TPLF/OPDO tauu hoggansii Qeerroo bilisummaa Oromoo gadi jabeessuun hubachiisae!!

Ilmaan Oromoo Dargaggootii balaa kanaan Wareegamaan keessa kanneen maqaan isaaniifi Suuraan isaanii argamee keessa:

1. Dargaggoo Sabboonaa Muraad Abdii

2. Shamarree Lammii Shaafii

3. Dargaggoo Abdisaa Barshoo

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

4. Dargaggoo Toofiqoo Abdallaa

5. Shamarree Aliizaar Xaahir

6. Kan Maqaan isaanii adda hin bahiin Haadha Ilmoo fi abbaa Manaa Dabalatee ilmaan Oromoo Hedduun balaa kanaan galafatamaniif Gaddaa Guddaatu Onnee keenya irraa nutti dhagaaame, Maatii fi Firoottaan isaanii hundaaf jajjabina hawwinaaf jechuun Dhaamsa Gaddaa uummata Oromoo fi Maatii wareegamtootaaf Dabarsee jira!!

Dhumarraatti Uummata Oromoo waliigalaaf qeerroon Bilisummaa Oromoo diina biyyaa irraa nu ariiatu jalaa dheessuu hin qabnu uummata keenya waliin wal taanee falmannee falmachiisuun wareegama fedhee baasnee bilisummaa keenya gonfachuun dirqama ilmaan Oromoo hundaa tauu fi balaa n guddaa kun sababaa jiruuf jireenya gabrummaa irraa kan dhufee tauu hubachuun biyyaa keenyaarratti falmannee wareegamuun Warraaqsaa Marsaa 5ffaaf gaggeessaa jirru kanaan diina of irraa gaggeessuun bilisummaa keenya akka kabachiifannuuf waamicha keenya jabeessina!!

Injifannoon Uummata oromoof!

Gadaan Gadaa Bilisummaati!!

Maatiifi Firoottan wareegamtootaaf jajjabina hawwina!!










converted by Web2PDFConvert.com



Ebla 17,2016 Godina Arsii Anaa Roobetii magaala Habetii keessatti baarulle Waraqsaatifi alaabaan adda bilisummaa Oromoo ( Oromoo ) akkanatti maxxanfame bulee!

April 17, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com






Godina Wallaggaa lixaa aanaa Jaarsoo magaalaa Jaarsoo keessatti Guyyaan Gootota Oromoo Ebla 15 Qeerroo fi hojjettootaan kabajame.

April 17, 2016



Dargaggoonni Oromoo Kanaadaa Magaalaa Calgary Jiraatan Guyyaa Gootota Oromo Ebla 15 fi Hundeeffata Qeerroo Bilisummaa Waggaa

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

# 6ffaa Sirna Miidhagaan Kabajatan.

April 17, 2016












https://videopress.com/v/Z3jxhL8F?hd=0&autoPlay=0&permalink=0&loop=0

# Baha Wallaggaa Magaalaa Qassootti Fincilli Xumura Garbummaa Fininee jira

April 17, 2016

**Ebla 17,2016**

Mirga abbaa biyyummaa deebifachuf Daran sochiin uummati taasisaa jiru bakkeewwan hedduutti finiinfamaa jiraachuu odeessi Qeerroo tibbanaa nii ifoomsa Haaluma kanaan Magaalaa Qassoo keessatti jala bultii yaadannoo Gootota wareegamanii gummacha gootonni keenya Shinigaatti kaffalan yaadachuuf jala bultiirraa kaasee magaalattii keessatti mandheen Qanaa'aa Janaa bifa gaariin yaadate ooleera.guyya kana dursuun sochiin magaalattii keessatti barattootaan eebila 13,2016 irraa egalee dhohe hanga haraatti itti fufee jira.Guyyaa sanas dhaadannoof Kakuu gurguddaan barattoonni mana Barumsaa Qassoo sadarkaa 2ffaa fi 2ffaa akkasuma hawwasni magaalattiif naannooshee kan eegalan yoo ta'u sirboonni warraaqsas gaafas guutummaa magaalattii hanga sochoosuuf ka'utti Gobii Lamaan wallifamaa turuu qeerroon achii dubbata,barattoonnis hanga har'atti mana barumsaa addaan kutanii akka jiran dubbatamaa jira.Kunis murna bichuu waayyaaneef ergamtushee OPDO sodaaf rifaatuu guddaa keessa galchun hidhaatti fulleefachaa jiraachuu Qeerroon achii gabasaa isaan ifoomsa.Barataan Nagaasaa Beekumaa Qabamee bakki geeffames wal'alamee

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

jiraachuu,Barataa kana erga sochiin magaalaa sanaa eegalee adamoo guddaa keessa turuusaa akkasumas yeroo gara yerootti dararamaa erga turee qabamee amma argansaa dhabamee jirachuun ittuu sochiin magaalattii Uummataan makatee daran akka hin dhabbanne taasisaa jiraachuu dhaga’amaa jira

## Goototni Qeerroon Bilisummaa Oromoo fi Daragaggootni Barattootni Oromoo fi qabsa’otni Oromoo Ebla 15 Guyyaa Gootota Oromoo Oromiyaa Gidduu Galaa Fi Handhuuraa Oromiyaa Maagaalaa Finfinnee Keessatti Bifa Ha’aa Ta’een Ebla 15/2016 Kabajamtan!!

April 17, 2016








Goototni Hoggattootni Qabsoo Bilisummaa Oromoo Warraaqsaa (FDG-FXG) Qeerroon daraggootni Oromoo , sabboontootni goototni Oromoo fi goototni Barattootni Oromoo sadarkaa adda addaa irratti walitti dhufuun Ebla 15 Guyyaa Gootota Oromoo(GGO) dungoo halluu Diimaa Magariisaa Diimaa qabu halluu alaabaa ABO qabsiifachuun seenaa gootota Oromoo Kaleessaa fi Har’aa waliif ibsuun Kaayyoon Goototni Oromoo irratti wareegamaanii fi wareegamaa jiran tokkicha ta’uu fi kayyoo haqaa kan dhugaa bilisummaa saba Oromoo hunda hammatee ta’uu ifa waliif gochuun kayyoo Goototni Oromoo Irratti wareegamaa qalii kanfalaa jiraniifi nuti dhalootni har’aas xummura itti gochuuf wareegama qaalii kan itti kanfalaa jirruu fi Uummatni keenyaa Uummatni Oromoo Oromiyaa cufa keessatti Warraaqsaa FXG keessatti qooda olaanaa kanfalaa jiraachuu waliif ibsuun FXG marsaa 5ffaa Guyyaa Gootota Oromoo Sababeeffachuun qabsiifamee finiinfamaa jiruu daran jabeessuun abbaa irreetti xummura gochuuf Irbuu Qabsoo Bilisummaa Oromoo haaromsachuun bifa Adda ta’een Kabajamee jira!! Goototni Qeerroon Bilisummaa Oromoo fi Daragaggootni Barattootni Oromoo

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com





converted by Web2PDFConvert.com

OMN: Oduu Ebla 15, 2016



converted by Web2PDFConvert.com

#OromoProtests in Ambo, 15 April 2016

Mormiin Barattoota Universitii Ambo keessati Ebla 15 bara 2016  itti fufe jira



#OromoProtests @Nekemte Calalaqi Elementary School, Oromia, 15 April 2016



#OromoProtests @Najjoo, West Wallaggaa, oromia, 15 April 2016





---

## Guyyaa har'aa Ebla 15,2016 Qeerroon Godina Wallaggaa Magaalaa Jaarsoo Ebla 15 Ayyannaa Gootota Oromoo Sababefaachuun Barruulee Warraaqsaa Raabsaa Jiru.

April 15, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com






Barruuleen raabsamaa fi maxxanfamaa jiran kuniin qabxiilee 12 kan of keessaa qaban yeroo ta'u.

1 Qe'ee irraa buqa'uun uummataa haa dhabatu kaneen buqifamaniif beenya haa kenamu 2 Gibbirrii daldalaaf qotee bulaa keenya irraa hiratu

3 Hiidhaa fi ajeechaan haa dhabatu

4 Bartoonnii fi barsisonnii akkasumaas hojetonnii Oromoo hojii irraa ari'aman akka deebi'anii fi kkf heddumminaan maxxanfamaa fi raabsamaa jira.

---

https://www.oromiamedia.org/2016/04/14/omn-oduu-ebla-14-2016/
https://youtu.be/PdEXdRyeE94

http://www.voaafaanoromoo.com/a/3262323.html

https://youtu.be/Au_F6mwAKjk
#OromoProtests Ebla 14 bara 2016: Qeerroon Oromiyaa wadaa walif galaa jiruu
Hidhaan Ajjeechan Ukkamsan Network dhamsun Reebichi Barnoota irraa ari'amuun Gonkumaa boodatti nun deebisu Tokkummaan kaanee falmachuuf qophoofnee jiraa jadhu.

converted by Web2PDFConvert.com





Gooti Wallee Warraaqsaa Jaal Artist Girmaa Xurunaa Saaqqataa Dararama Yeroo Dheeraan Booda Ma'ikalaawwii Irraa Gadhiifame.

April 14, 2016

converted by Web2PDFConvert.com



https://youtu.be/OtBRBfRwMH0

https://youtu.be/93SLxWz8zZo

https://www.oromiamedia.org/2016/04/12/omn-oduu-ebla-12-2016/

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

#OromoProtests Ebla (April) 13, 2016 @Ambo, Oromia
Mannii barumsaa Amboo preparatory ( kutaan 11 fi 12) ganama roobii hara'a sa'a 4:00 irraa egaalani mormii isaanii dhagesisaa jiruu . Polisoonnis akka hantuta bishaan lixxe, akka saree maratte oli gadi kachaa jirti

. IJJIFAANNOON UMMATA OROMOOF.
April 13, 2016



Fincilli Xumura Garbummaa guyyaa har,aa kana magaalaa Najjoo fii naannoo ishee keessatti daran jabaachuun itti fufee jira.Ebia 12/2016 Ganama irraa ka,uun Fxg mana barumsaa qophaa,inaa sadarkaa 2ffaa najjoo keessatti finiinfamaa oolee jira.Kanuma irraan ka,uun humni kora bittinneessaa jedhamu mooraa barnootaa keessa seenuun baratootaafi barsiisota mooraa sanaa irratti reebicha gara laafina hin qabne akka raawwate maddeen keenya achirraa nu ga,e ifa godhu.Guutummaan mooraa kanaas humna federaalaan goolamaa jiraachuun beekameera.kanumarraa ka,uun baratoonni heedduun man adabaatti akka darbataman Qeerroon gabaasee jira.

---

Guyyaa har'aa jechuun Ebla (April) 13 bara 2016 Godinaa Wallagaa Lixaa Magalaa Begii
Fincillii didaa garbummaa akkumaa itti fufeetti jiraa.

Dinni keenyaa yoom nuuf cisee beekaa magalaa keessaa demmaanii qerroo fi Uummaata magalaati dorsiisaa jiruu. Dorsiisni alagaa yommiiyyuu boodaati nuu deebisuu jedhuu qeerroon magalaa Begii!

Injiffannoon kan Uummaata Oromooti!

---

#OromoProtests 13 Ebla (April) 2016, Jimmaa.
Qeerron barattoonni Oromoo yuunivarsitii Jimmaa hidhaan ajjeechan ukkamsan reebichi
barnoota irraa ari'amuun gGonkumaa boodatti nun deebisu jedhu.
Tokkummaan kaanee falmachuuf qophoofnee jirra jedhu.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com





April 13, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



Kun Badhaadhaa Galchuu Figaa kan kaleessa humnaa police federalaatiin Godina Gujii onna shakisoo bakka caalaa jedhamutti rasaassan rukutamee hospitaalati lubuun isaa dabartte. Reefalle akka maatiin hin fudhanna dhorkame jira. Dargaggoon kun Qeerroo Godinaa kana qindeessuu keessatti nama qooda olaanaa gumaachee dha. Badhaadhaan Unversity Goonder irraa economics Bara 2006 eebbifame.

---

Share this:https://www.gofundme.com/8bds2wgk

https://youtu.be/KX2-PTLIlvU
https://youtu.be/ITQ-stzsOVw

ODUU

## OMN: Oduu Ebla 11, 2016

https://www.oromiamedia.org/2016/04/12/omn-oduu-ebla-11-2016/
https://www.youtube.com/watch?v=ThzkWoUvij0&feature=youtu.be

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

#OromoProtests 5 months, 5th round: Students at Ambo University Awaro campus have been protesting 11 & 12 April 2016.

Barattoonni Yunivarsitii Amboo damee Awwaaroo Ebla 11 bara 2016 kaasee mormiirra jiran.





## Fincilli Xumura Garbummaa daran jabaachuun magaalaa Naqamtee fi naannoo ishee keessatti itti fufee jira.

April 11, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com


Ebla 10/2016 jechuun guyyaa kaleessaa fincilli daran jabaachuun naannoo staadiyeemii magaalaa Naqamtee keessatti taphni kaanamaa Naqamtee fi poolisii abuubi/Kibbaa/ gidduutti taphatamuuf ture qoophiin xumuramee edda dirree seenanii booda guutummaan tapha sanaa qeerroo magaalaa Naqamteen gara fincilaatti jijjiiramuun gara dhaadannoo fi wallee waraaqsaatti geedarameera.

Haaluma kanaan dhaadannoon Humni waraanaa hatatamaan Oromiyaa keessaa ba'uu qaba,Namoonni hidhamanii jiran akka gadi dhiifaman,Humni dhiigaa uummata keenyaa dhangalaase itti gaafatamuu qaba kan jedhuufii walleen waraaqsaa oo yaa baala tuufoo ABO nuuf wayya nuufoo, oo baala badeessaa wayyaanee baasaa nu keessaa,oo tulluu gamaa ABO bushuu qabaa kan jedhuun guutummaan taphichaa goolamuudhaan addaan cituun hafeera.

Haaluma kanaan dhalataa magaalaa Naqamtee kan ta'e Gammee Oofkalaa namni jedhamu mana hidhamee jiraachuu Qeerroon gabaasee jira.

## Godina Oromiyaa magaalaa Bishooftuu irraa barattootni Oromoo 60 olitti lakka'aman humna waraanaan qabamuun hidhaatti darbaman.

April 11, 2016




**Ebla 11,2016** Godina Oromiyaa Bahaa magaalaa Bishooftuu irraa barattootni Oromoo 60 olitti lakka'aman humna waraanaan qabamuun hidhatti darbaman. Barattoota Oromoo manneen barnootaa Bishooftuu sadarkaa 1ffaa,2ffaa fi Qopha'ina irraa baratan kunneen torbee darbee keessa sababaa gaaffii migaa karaa nagaa fi dimookiraasii gaaffachuun Sagalee isaanii waan dhageesisaniif qofa waraanaan dararamaa jiru. Ebla 7/2016 humna waraana wayyaanee Agaazii fi poolisii federaalaan Hidhatti ukkanfamuu guuramanii hidhaman. Barattootni Hidhaman kun Umriin Isaanii kanneen gannaa 14-18 gidduutti Argaman ta'uun hubatamee jira.kanneen Mana barumsaa Sadarkaa 2ffaa fi qopha'inaa bishooftuu irraa hidhaman keessa kan Yeroof maqaan isaanii nu ga'e jiru:

1.barataa Magarsaa Bakare

2. barataa Xasoo Damisee

3. barataa Girmaa Tashuu

4. barataa Alamaayyoo Dinquu

5. barataa Aaddisuu Taayyee

6. barataa Aaddisuu Baqqalaa

7. barataa Habtee Indaaluu

8. barataa Abrahaam Tufaa

9. barataa Dagguu Dabalee

10. barataa Aabbuu Maaruu

11. barataa Gizaw Mokonnin

12. barataa Abbabaa Lammaa

13. barataa Dachaasaa Gizaw

converted by Web2PDFConvert.com

14. barataa Damxee Shuree

15. barataa Awwaaree Akliluu

16. barataa Alamaayyoo Daadhii

17. barataa Gostolee Isheetuu

18. barataa Zarihuun Sisay

19. barataa Adaanee Alamaayyoo

20. barataa Dassaleny Hirphoo

21. barataa Gaaddisee Mokonnin

22. barataa Aaddisuu Dammaqaa

23. barataa Biraanuu Kaayyoo

24. barataa Dammee

25. barataa Mastuu

26. barataa Gannat

27 barataa.Maabiratee

28. barataa Caaltuu

29. barataa Doonii

Barattootni Oromoo hedduun kanneen maqaan isaanii nu hin ga'iin manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa, fi 2ffaa irra qabaman illee hedduun jiraachuu madden keenya gabaasan. Yakki mootummaan Wayyaanee barattoota Oromoo fi Uummata Oromoo irratti fudhataa jiruu daranuu kan qabsuu FXG akka Oromoon jabaatuu godhuu malee bilisummaa keenyaaf falmachuu irraa duubatti kan nu hin deebifnedha jechuun sabboontootni Oromoo Bishooftuu irraa dhaamsa waliif dabarsaa jiru.

---

#OromProtests in Baatee, Walloo, Northern Oromia, 10 March 2016
Ebla 10 bara 2016 FXG Walloo magaalaa Baatee keessatti gaggeeffamee irratti uummanni walloo baatee wayyanee duraa dhabaatee falmachaa oole.



Oromo TV: GABAASA OROMO TV IRRAA HAALA HIRIIRA NAGAA Australia -2016. #OromoProtests 9 April 2016

https://www.youtube.com/watch?v=k-Bz7GTLPV0

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Activists in Philadelphia force cancellation a meeting called by TPLF embassy. 9 April 2016.

https://youtu.be/fLMpw9h2bL8

#OromoProtests, Youths at Hacaca mountain in Bale, Southern Oromia, 9 April 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



April 8, 2016

Godina Wallaggaa lixaa magaalaa Mandii keessatti OPDOn ayyaana TPLFn hundeeffamuu kabajuuf dirqaaman uummata magaalaa Mandii kan ajajje yeroo ta'u, uummati guutumaatti waltajji Wayyaanee irraa hafe Haata'u malee, kaabinooti muraasi mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa Mandii keessatti wal tajji taa'uuf yeroo jedhan daa'imman itti yaa'uun dhakaadhaan achii arii'aniiru

Kaabinotis uummata beekaatu daa'imman dhagaadhaan nu reebsisa jechuun oori'anii yeroo gaafatanitti uummati dhaloota qofa miti barumatu isin jibbe jechuun afaan akka qabsiisaniifi ergamtooti diinaa kun magaalicha keessatti

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

waaroo salphinaa akka uffatan odeessi achii nuqaqqabe ifa taasiseera

https://youtu.be/tJE-6aM1nNA

## OMN: Oduu Ebla 8, 2016

> OMN: Oduu Ebla 8, 2016




## OMN: Amharic News April 9, 2016

https://www.oromiamedia.org/2016/04/09/om amharic-news-april-9-2016/

> Saamicha Lafa Oromoo Ilaalchisee Xiinxala Dr. Gizaachoo Teessoo (Ebla 8, 2016)

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com




OMN: Oduu Ebla 7, 2016

https://www.oromiamedia.org/2016/04/07/omn-oduu-ebla-7-2016/

https://youtu.be/uwHhhlkGwBg

#OromoProtests in Limmuu Saqaa, Jimmaa, Oromia, 7 April 2016



Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com





#OromoProtests, 8 April 2016
The administrative harassment of Oromo university students continues. Here is a notice in Amharic to a number of Jimma University Oromo students. Intimidating students into submission by threatening to dismiss them on political grounds is an old tactic used by authorities.

And yet THE RESISTANCE CONTINUES. Source: Tsegaye Ararsa, on social media

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com




## Oromiyaa Godinaalee Adda Addaa fi Manneen Barnootaa Keessatti FXG Jabaatee Itti Fufee Jira.

April 8, 2016




Oromiyaa Ilubbaabooritti Eebla 6, 2016 eegalee barattoonni sad.2ffaa fi qophaa'inaa algee Mattuu, Beddellee' barnoota hin barannu, hanga warri hidhaman hiikamnaitti qormaata biyyoolessaa hin qoramnu jechuun FXG kaasan addaan osoo hin kutin itti fufanii jiru.

Godina Shaggar Bahaa Bishooftuuttis barattoonni sad.2ffaa fi sad.1ffaa Iiban Cuqqaalaa FXG uumanni kaaseen humni waraana Itiyoophiyaa tarkaanfii uummata irratti fudhatuuf yaalus uummanni ofirraa deebisee jira.

Naannoo Finfinnee dukamitti Eebla 5,2016 barattoonni qophaa'ina dhiiqa ergisuuf heyyamasaanii kennanii hojjettoonni fayyaa yeroo gara mooraa mana barumsaa seenan dhiigi keenya osoo iddoo hundaatti dhangala'uu akkamiin dhiiga ergisaa jedhamna jechuun FXG kaasanii tarkaanfii lukkuulee Wayyaanee irrattis fudhatamee jira.
Harargee bahaa aanaa Faadisitti Ebla 3 ,2016 eegalee jiraattonni bulchaan aanichaa nuuf haa bu'u jechuun finciili uummatan itti fufaa waan jiraniif qaamni ilaallatu yoo uummata hin haasofsiifne rakkoo gudaan kan uumamuudha jechuun ergamtootni fi kaabinoonni aanaa hedduun raafama guddaa keessa seenanii jiru.

Itti fufudhaan Yuunivarsiitii Haramaayaatti barataan osoo mooraa hin seeniin poolisii tahee hojjetaa ture 1 yeroo ammaa odeeffannoo barattoota oromoo mootummaa Wayyaaneef dabarsee kennaa waan jiruuf suuraa fi seenaa gabaasa waliin weebsaayitii'oromo one love' jedhurratti gadhiisuun tarkaanfiin irratti fudhatamuu qaba kan jedhu dabarsuun poolisoonni mooricha guutummaatti mooraa sodaa kanaan gadhiisani akka jiran Qeerroon gabaase. Qeerroonis mooricha dhunfate toohatee jira wayita kana barumsi hin jiru FXG

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

malee jedhu.

Yuunivarsiitii walqixxeetti barattoonni Oromoo dhaaba ABO deeggaran ; kanaan dura garee disipiliiniin fi koomaandi poostii moorichaan gorfamaniiru jechuun barattoonni 9 guutumman guutuuttu ariayamanii,17 immoo adabbii waggaa 2 akkasumas 9 immoo akeekkachiisi dhumaa akka itti kenname eebla 5,2016 ibsame. Haaluma kanaan mooraa kanatti fxg ka'ee finiinaa jiraachuun gabaafame.

---

April 8, 2016

**Ebla 7,2016**, Naannolee Qobboo fi Waldayaa akkasumas Gambeelaas dabalatee sochiin fincilaa jabaatee akka jirutu Qeeyroon gabaasee jira. Dabalataan toora Qobboo fi waldiyaatti transiformariin ibsaa gubatee bade ji'a tokko ol kan lakkaawe uummanni ifa dhabee rakkina kanan naannoo kanatti fincilli uumataan ka'eejira.

Kana malees Ebla 7,2016 ,Naannoo Kibbaa godina Saganti magaala Konsootti Fincilli ka'ee finiinuu gabaasuun keenya ni yaadatama. Manneen barnootaas cufamanii hamma ammaatti. Humneen nageenyaa wayyaanee naannicha buufatee jiru baajatni mootummaa waan hanqataa dhufeef naannicha irraa waraanni buufatee jiru fagaatee hojii eegumsaa dhaabaa akka jiru odeessi Qeerroo naannichaa ibsa.

---

April 8, 2016

Ebla 7,2016 Yuuniversitii Bahar Daar mooraa Yibaabitti torban tokko dura barattootni rakkoolee bishaan dhugaatii fi qulqullina nyaataan wal qabateef gaaffii dhiyeessuun nyaata lagatanii turan. Barattootni hanga har'aatti diddaa nyaata lagachuun fincilatti fufanii akka jiranis Qeeyroon gabaasee jira. Wayyaaneen barattoota Oromoo irratti shira xaxuu akkuma beekamu moorawwan Yuuniversiti naannoo Amaarattis miidhaa barattoota irratti gaggeessuuf karaa naataa fi bishaan qulquulluu dhabsiisuun daran jabaatee jira,Mooraa Yuuniversitii Dabra Taabor
keessatti dararamuun ni jira.

---

Qeerroon biyaa ambaa Bosaaso jiran mormii sanii dhageessisan. #OromoProtests 7 April 2016



#OromoProtests, 7 April 2016 in Hirna, West Hararge, 3 people including Beyan Abas were shot and wounded. The people protested and disrupted celebration of OPDO's 26th founding anniversary. Similar protest have been taking place all across the province in towns and rural areas of Xullo, Dobba, Daro Labu, Miesso and Burqa Tinitu districts.

---

Mormii Ebla 7 bara 2016 aanaa xuulloo magaalaa Hirnaatti godhamerrati namooni hedduun miidhamani akka jiranii fi kanis hidhamani akka jiran beekamee jira. Warra rasaasaan rukutame keessaa tokko Bayaan Abbaa kan jedhamu yoo ta'u yeroo ammaa kana hospitaal Ciroo keessatti waldhaanamaa jira. Mormiin kun ayyaana OPDO kan 26 hin feenu jechuun kan ka'e yoo ta'u aanaalee godinachaa hedduu keessatti godhamaa jira. Jiraattonni anaanalee Xuulloo, Mi'eessoo, Daaro Labuu, Doobbaafi Burqaa Tindhitu keessatti mormiin akka jiru gabaasni nu gahe ni garsiisa.

---

https://www.youtube.com/watch?v=TQBLIU4gAjY

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

https://www.oromiamedia.org/2016/04/06/omn-oduu-bit-6-2016/

https://www.oromiamedia.org/2016/04/07/om
qophii-adaa-marii-dingadee-itoophiyaa-
ogeessoota-dingadee-waliin-taasifee-ebla-
62016/

## Godina Wallaggaa Magaalaa Najjoo fi Naannoo Isheetti FXG Itti Fufee Oole.

April 6, 2016

**Ebla 6,2016** Godina Wallaggaa Magaalaa Najjoo fi naannoo  keessatti barattoota Sadarkaa 2ffaa Aggaar Alaltuutiin daran jabaatee itti fufee jiraachuu Qeerroon gabaase.

Fincilli kunis kan jalqabe baratootuma mooraa sanaan Sa'a 4;00 Irratti Fincila Diddaa Garbummaa Qabsiisaniin humni kora bittinneessaa fi Federaalli Mooraatti weeraruun barattoota hedduu reebanii miidhaa guddaa irraan ga'aniiru! sa'a afur irraa eegalani reebichaa fi dararaa guddaa baratoota kana irratti raawwataniiru.

Maatiin Barattootaa Ilmaan Isaani Hoggaa barbaaduuf deemanitti humni federaalaas Uummata ijoolleessaaf dirmachuuf ba,e kana reebuun manatti deebisaniru.Uummannis diddaa isaa jabeessuun naannooma mana barnootaa sana turaniiru. Humni federaalaas yemuu barattoota kana hidhaatti dabarsuuf yammuu yaalanitti Uummannis degersa baratoota kanaaf godhaniin oso mana adabaa hin geeffamin hafaniru! reebicha irra ga,eenis baratoonni heedduun miidhamuu Qeerroon gabaase.

## FXG Itti Fufuun Gootonni Barattooti Oromoo Manni Barumsaa Qophaa'inaa Asalla Diddaa Gaggeessan.


April 6, 2016




Guyyaa Ebla 6,2016 Har'aa Manni Barumsaa Qophaa'inaa Asalla Hiriira Mormii sirna mootummaa Wayyaanee gaggeessaniin dhaadatnoolee warraaqsaa hedduu dhageessisun mootummaa fi waraana mootummaa Wayyaanee balaaleffachaa oolanii jiru, alaabaa  gabrummaa ( Ithioophiyaa) mooricha keessatti fannifames gadi buusanii ciruun,barnooti bilisummaa booda waan ta'eef uummata keenya keessa bobbaanee nagaa fi bilisummaa barbaacha qabsoo fincila xumura gabrummaa itti fufna jechuun mana barnootaa cufanii maatiiti galuu Qeerroon gabaase.

April 6, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com




Ebla 6,2016/ Godina Wallaggaa Bahaa Aanaa Nuunnuu Qumbaa magaalaa Adaree irraa qabamanii ji'oota lamaa oliif mana hidhaa Wayyaanee keessatti kan daraaramaa jiran hawaasa bal'aa yeroo ta'u Wayyaaneen namoota kudha sadii qofa gadi lakkisuun kaan isaanii bakka garaagaraatti hidhaaf fuutee deemuuf akka sanganteeffatte beekameera
Isaan hiikaman keessa muraasi

1. Yohaannis Abbabaa
2. Yohaannis Miidhaksaa
3. Asaffaa Miidhaksaa
4. Tafarii Tashoomaa
5. Naadoo Warqinaa
6. Bayyanaa Taaddasaa kanneen jedhaman qofa ta'uun beekameera

---

Share this:https://www.gofundme.com/8bds2wgk

---

## No Taxation without representation

## Ummanni Oromoo Godina Lixa Shaggar Kaffaltii Gibiraa Mootummaa Wayyaaneef Kennuu Didaa Jira.

April 6, 2016

Ebla 5,2016 Godina Lixa shaggar Amboo fi aanota Godinicha cufa keessatti Warraaqsaa FXG gaaffii mirga abbaa biyyummaa fi yakka duguuggaa sanyii Mootummaan wayyaanee fudhateen wal qabatee uummatni eejjennoo Isaa jabeessuun kanfaltii gibraa fi buusiiwwan adda adda dhorkatee waan jiruuf mootummaan Wayyaanee Waraanaa fi poolisoota ergamtuu isheetti dhimmaa Bahuun waraanaan dirqamsiiftee Gibra kanfalchiisuuf kan jirtu ta'uun Saaxilame jira. Uummaatni Oromoo goota dhugaadha, yoo wayyaaneen humna waraanaa fayyadamtee dirqamaan gibraas ta'ee buusii kamuu kan nu kanfalchiiftu ta'ee waan qabnuun dura dhaabbannee dumnee mirga keenyaaf falmanna malee abbaan irree dirqamaan nu hin bittu, jechuun uummatni ejjennoo isaa ibsate jira. Yeroo ammaa Kanaa Aanota Godina Lixa Shaggar Amboo: Aanaa Amboo, Jalduu, Midaa Qanyii, Giincii, Calliyaa Geedoo, Iluu Galaan, Daannoo, Baakkoo Tibbee, Xuqur Incinnii, tokkee Kuttaayee, Gudar, Dandii, Adaa'aa Bargaa, Mugar, Meettaa Roobii, Gindaabarat Kaachisii fi Abuunaa fi Magaalota Godinichaa cufa dabalatee uummatni Waraanaa guddaan eegamaa jira, Bulchitootni Gandoota Baddiyyaa haala wal fakkaatuun uummata sodaannee waan jirruuf kanfaltii gibiraa fi buusii kamuu hin gaafatnu ni sodannee jechuun yaada isaanii ibsatani jiru Mootummaan wayyaanee kanuma irra rifatuu Caaluu keessa galuun waraanatti fayyadamee kanfaltii gibra dirqamaan kanfalchiisuuf yaalii gochaa jira!!

## Godina Arsii Asallaa fi Oromiyaa Bakkoota Adda Addaatti Itti Fufe.

April 5, 2016

Ebla 5,2016 Godina Arsii Bahaa magaala Asellaatti barattotni koollejjii barsiisotaa Ebla gaafa 2 Barumsa hin barannu barataan keenya uummanni keenya osoo dhiigni isaa lola'uu mirgi jiraachuu osoo nurraa molqamaa jiruu jechuun waraqaalee hedduu naannichatti bittimsuudhaan FXG itti fufsiisanii kan jiran Qeerroon kan gabaase yoommuu tahu Qeerroon koollejjichaa namni 17 ol maqaa qindeessitoota FXG jedhamuun waraana gaaziitiin ukkaamfamanii bakka buuteen isaani dhabamee akka jiru har'a Qeerroon gabaasee jira.

Wal harkaa fuudhiinsaan yeroo ammaa kana waraqaan oromiyaa magaalota fi godinaalee keesa faffaca'ee jiru keessattuu wallaggaa godinaalee 4nuu, bishooftuu, adaamaa, amboo fi kkf yoommu tahu godina wallagga bahaa aanaa saasiggaatti guyyoota lamaan darban kana FXG itti fufuu qaba bittimfamee uummataaf waamicha dhiyeessee jira. Akkasuma Ebla gaafa 1, 2016 alaabaan ABO godina shawaa lixaa aanaa Gindabarat keessatti fannifamee akka jiru Qeerroon gabaasee jira. FXG godinaalee garagaraattis tarkaanfiidhaan kan wal deggereen jabeeffameetu jira

## #OromoProtests in Bundhoo Bedellee, roads closed, 5 April 2016

## Godina Iluutti FXG Jabaatee Itti Fufe Godinaalee

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Garagaraattis Waraqaan Warraaqsaa Bittim fam uun Itti Fufe!

April 5, 2016

**Ebla 5,2016**




Godina Iluu Abbaa Booraa magaalota fi aanaale garagaratti ji'oota tokko ol kan eegale baadiyaa fi magaala keessa wal gahuudhaan itti fufee jiraachuu Qeerroon yeroodhaa yerootti kan gabaasee jiruudha. Manneen barnootaa kanenen akka sadarkaa 2ffaa Abdi Boruu fi Mattuu akkasuma sadarkaa 1ffaa Nikolaas barumsi dhaabbatee FXG itti fufuu har'a s Qeerroon gabaasee jira.
akkasuma barattootni mana barumsaa Beddelleess FXG har'a itti fufanii akka jiran Qeerroon gabaasaa jira. Guutummaatti godina Iluu A/booraa aanaalee hedduutti FXG uummataan jabaatee kan itti fufee jiruudha. Sirbootni qabsoo fi dhaadannoon Qeerroo halkani guyyaa osoo wal irraa hin cinnee torban sadii oliif kunoo ittuma fufeetu jira.

Kana malees barattootni mana barumsaa Baddeellee daandii cufuudhaan yeroodhaa yerootti yeroo dinni karaa banuuf dhufu lola dhagaatiin uummata waliin saroota wayyaanee irratti banuun jabina isaanii mirkaneessaa jiru. Mana barumsa Baddalleetti waraanni wayyaanee Agaziin gaazii imimmeessaa barattoota irratti fayadamuun barattootni 5n sammuu isaanii kan dhabanii yeroo ammaa Hospitaala jiran guyyoota muraasa dura kun kan barattoota irratti raawwate yoommuu tahu uummannis dheekkamuun bulchiinsa magaalaa irratti tarkaanfii fudhatee jira.



April 5, 2016



Ebla 5,216 Magaalaa Naqamtee keessatti mootummaan faashistii Wayyanee uummata karaa nagaan mirga isaa gaafate isin ABO waan deggertaniif jechuun guutummaa magaalaa Naqamtee keessaas bishaan dhugaatii balleessuun uummata magaalatii dheebuudhaan fixaa jira.Uummanni magaalattiis heeduminaan rakkoo bishaan dhugaatiin rakkachaa jira.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

Kanumarraa ka,uun uummanni magaalaa kanaa mootummaa wayyaanee irratti fincila kaasaa jiraachuun dhaga,amee jira.Bishaanni kun edda badees torban tokko ta’ee jira.

---

Share this:https://www.gofundme.com/8bds2wgk

https://www.youtube.com/watch?feature=youtu.be&v=YbsPfRPD1ns&app=deskto

https://www.youtube.com/watch?v=jadA7_Of6mc

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

OMN: Oduu Ebla 4,2016



Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com




#OromoProtests, Limmuu Saqaa, 4 April 2016



Ebla 3,2016 Godina Hararge LixaAnaa Odaa bultum Magala Baddessatti Guyya

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

har.a Yeeyyiilee Waarraaqsaa (Daa'imman) Magaalaa baddessa yeroo mormii isaanii dhageessisuun uummata Oromoof waardiyyaa dhaabbachuu isaanii muldhisan.

April 3, 2016



## Barsiisota,Daldaltootaa fi Jiraattota Oromoo Godina Wallaggaa Aanaa Giddaa Ayyaanaa

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

## Keessaa Hoomaa Loltoota Wayyaanee Naannicha Weerareen Dararamaa Jiraachuu Qeerroon Gabaase.

April 3, 2016

**Ebla 3,2016** Fincila xumura gabrummaa aanaa Giddaa Ayyaanaatti belbelaa tureef sababi guddaan isini jechuun barsiisota, hojjetoota mootummaa, daldaltootaa fi barattoota rasaasaan qeeraa turan itti xinnaannaan ammammoo kanneen irraa hafatan gara dabarsuutti jiru.
Torban darbe dura kanneen armaan gadii kana of keessaa dhabneerra jedhu.
1. Mitikkuu Kabbadaa—– barsiisaa seenaa (history) , sabboonaa ummata biratti akka warqeetti ilaalamu
2. Tafarraa Margaa—–daldalaa fi uffata kan hodhu
3. Gammachuu Wiirtuu—–barsiisaa civics
4. Mootii Qana'aa—–barsiisaa Geography kan filannoo bara 2010 tti paartii madrek bakka bu'ee filamee mo'atee boodarra shira wayyaaneen jalaa haqame
5. Margaa Jogoraa—–daldalaa fi sabboonummaa fi gootummaan naannoo Giddaatti kan beekamuu fi kanneen biroo barattoota dabalatee erga dhi'oo asii of keessaa dhabneerra jedhu ummati Giddaa Ayyaanaa.
Kanneen keessaa Tafarraa Margaa Maa'ekelaawwii akka jiru kan barame yoo tahu kanneen biroo eessa akka geeffaman hin baramne jedhu. Dhumarrattis Qabsoo jalqabne otuu adda hin kutiin haa finiinsinuun dhaamsa Qeerroo Giddaa Ayyaanaati

## Gurmuun Tumsa Qeerroo Bilisummaa Oromoo Biya Australia Kutaa Perth Keessatti Argamu Dargaggoota Ogadeen Perth Waliin Dhimmoota Mirga Sabaa Irratti Mari'ate:

April 3, 2016



Gurmuun Tumsa Qeerroo Oromoo Perth fi dargaggootni Ogaden Perth haala itti qabsoo biyya keessaa itti gargaaruu danda'an Ebila 2,2016 walitti dhufuun marii gaggeeffatan. Akka odeessi biyya Australia lixaa, magaalaa Perth irraa nu gahetti Uummatni Oromoo fi Uummatni Ogaden hiree walfakkaatu qabaachuu irraa qabsoo bilisummaa gaggeessaa jiraachuu, kana irraa ka'uun jaarmayoonni kallacha qabsoo isaanii (Adda Bilisummaa Oromoo fi Adda Bilisummaa Biyyoleessa Ogaadeen) kanneen hireen isaanii wal fakkaatu (Benshangul, Gaambellaa fi Sidaamaa) waliin Tumsa Ummattootaa kan dimokiraasii fi bilisummaa utubuun ka'uumsa walitti dhufeenya isaanii akka ta'e hubatameera.



Marii yeroo jjalqabaaf gaggeeffatan kana irratti akkaataa hawaasa isaanii lamaan caallatti walitti gurmeessuun danda'amu, haala fuula dura waliin itti hoijjachuu danda'an, hawaasa fi dargaggoota gar lachuun keessatti waan Uummatota lamaan wal fakkeessu odeessa uummataan gahuu danda'aamu irratti marii bal'aa gaggeeffachuu isaanii gabaafameera.

Hunda caala muuxannoo qabsoo fi jaarmayaa waliif qooduun qabsoo bilisummaa fi dimokiraasii biyya keessatti gaggeeffamaa jiru attamiin gargaaruu akka danda'anii fi tumsa taasisan attamiin waliin qindeeffachuun akka danda'amu irratti xiyyeeffatanii akka hojjatan waliif galaniiru.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



Ebla 2,2016 Mooraa Yuunibarsiitii Jimmaa Kitoo Furdisaa keessatti barruuleen warraaqsaa fi alaabaan Oromoo maxxanfamaa jira.







## FXG Yuniverstii Wallaggaa Itti Fufuun Humna Waraana Wayyaanee Guutummaa Mooraa Yuniverstii Weeraree Jira.

April 2, 2016



Ebla 2,2016 Yuunversiitii Wallaggaa keessatti diddaan baratootaa daran jabaachuurraan kan ka'e humni kora bittinneessaa guutummaa mooraa kanaa dhuunfatee jira.Baratoonnis diddaa barnootaaf qaban itti fufuuf yeroo yaalanitti mootummaan gabroonfataan Wayyaannee baratoota kana irratti seera haaraa baasuun keessumaa mooraa kana keessatti akkaataa ittiin qabxii barataa gadi bu'ee barataan mooraa kanaa hari,amuuf sagantaa haaraa baasanii baratoota doorsisaa jiraachuutu beekamee jira.

Mooraa kana keessatti diddaan kun baratoota galgalaanis waan jabaateef

converted by Web2PDFConvert.com

baratoota kanaaf sagantaan haaraan ba'eefii guyyaa keessaa barnoota isaanii



dirqiidhaan akka hordofaniif fedhii isaanii malee humnaanis akka sagantaa ittiin qorumsa haaraa ba'e kennamu hordofanii fudhataniif doorsisamaa jiraachuu maddeen keenya achirraa arganne ifa godhu.

---

Ebla (April) 2,2016: Godina Wallaggaa Bahaa Aanaa Waamaa Hagaloo irraa namooti ja'a hojiirra arii'amuuf qaamoti tikaa Wayyaanee akka qophii xumuran icciitiin ba'uusaa toora miidiyaa hawaasaatti faca'uunsaa ni yaadatama! Haaluma kanaan tarkaanfiin mootummaa Garboomfattuu kana maal akka ta'u eegaa turre icciitichi harkaa ba'uun isaanuma qaamota Wayyaanee akka wal dhabsiises beekameera

Namoota sirnichi irratti xiyyeefatuun xalayaan arii'amuu isaan qaqqabuuf turesakka adabaatti/demotion/ bakka jiranirraa gadi bu'anitti jijjiiramuu odeessi nu ga'e akkanaan ifoomseera

1 Lammeessaa Daggafaa Waajjira Jallisii irraa gara Waldaa Hojii Gamtaatti
2 Mootii Oliiqaa Waajjira Abbaa Taayitaa Daandii Irraa Gara Waldaa Hojii Gamtaatti
3 Asnaaqee Gabree Waajjira Geejjibaa irraa gara Waajjira fayyaatti
4 Milkeessaa Baqqalaa Waajjira Jallisii irraa gara Waldaa Hojii Gamtaatti
5 Wandee Turaa Abbaa Taayitaa Jallisii irraa gara Herregaa Mana Barumsaa Qophaa'inaa Moxeetti

Ergamaniiru.

Isaan kun marti bakka miindaa argachaa turanirraa bakka gad aanaatti ramadamaniiti.

https://www.youtube.com/watch?v=00uOH-YkbSA

https://www.oromiamedia.org/2016/04/02/om
amharic-program-april-4-2016-
%E1%89%A0%E1%8A%A6%E1%88%AE%E1%88%9E
%E1%8B%A8%E1%88%85%E1%88%8A%E1%8A%93
%E1%89%B3%E1%88%B3%E1%88%AA%E1%8B%8E
%E1%8A%A5%E1%8A%93-
%E1%89%A0%E1%8A%A5/

OMN: Oduu Ebla 1, 2016

OMN: Oduu Ebla 1, 2016

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com



Har'a Ebla 01,2016 Magaalaa Bushooftuu keessatti FXGn haalaan finiinaa akka jiru maddeen gabaasan. FXG kun har'aan guyyaa lammataa qabatuu isaa ti. Bakka basaasotni wayyaanee qubatanii jiranittis eda tarkaanfiin fudhatamuun dubbatamaa jira.

#OromoProtests in Bishoftu, 1st April 2016









## Lafti Oromoo Naannoo Zuwaayii fi Bakkoota Adda Addaa Akka Saamamuuf Haaraatti Karoorfame Qorannoo ministeera Induustrii Itiyoophiyyaa Qeerroon Saaxile.

Ebla 1, 2016 (April 1, 2016) By Qeerroo

Ebla 1,015 ,Wayyaneen lafa Oromoo ammas daddabalee saammuuf kutatee

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com


ka’uu isaa kan agarsiisu qorannoo kaampanii Indiyaa tokkoon qoratame karaa Ministeera induustrii Itiyoophiyyaa naannoo Ziwaay- Bulbulaatti dhabatuuf deemu maqaa Agro-industrial park jedhu documantii guutuu kunooti. Oromoon waan kana sirnaan ilaaluun falmaa isaa akka jabeessu Qeerroon dhaamsa dabarsa.


1 IAIP Presentation


## Mootummaan Wayyaanee Barattoota Oromoo Yuniverstii Jimmaa Irratti Yakka Guddaa Raawachaa Jiraachuu Qeerroon Saaxile.

April 1, 2016


Ebala 1,2016 Mootummaan Wayyaanee Yakka Barattoota Oromoo Irratti Hojjetu Itti Fufuun Yuniverstii Jimmaa Keessatti Seeraa Ala Hiriira Mormii Baatan Jechuun Ragaa Sobaa Waammatee Adabbii Maallaqa Guddaa fi Murtii Hidhaa Barattootatti Murteessaa Jiraatu iyyuu FXG Itti Fufee Jira..






JIMMA UNIVERSITY

converted by Web2PDFConvert.com



Hirmaattonni:-

| | | |
|---|---|---|
| 1ffaa Hojjbu Geetaa Bayyisaa | Umrii:- 12 | Saala dhiira |
| 2ffaa Gizaaw Taamiruu Wakko | Umrii:- 20 | Saala Dubara |
| 3ffaa Ekhhilace Dhagossaa Tassamma | Umrii:- 20. | Saala Dubara |
| 4ffaa Bijigdan Italia Muf'ataa | Umrii:- 19 | Saala Dhiira |
| 5ffaa Sa'uadii Bayyuan Amaan | Umrii:- 11 | Salaa Dubara |
| 6ffaa Madiinaa Usar Botto | Umrii:- 19 | Saala Dhira |
| 7ffaa Abdulqaadir Siraaj Sheekaa | Umrii:- 20 | Saala Dhiira |
| 8ffaa Gammadii Raobaa Kossii | Umrii:- 26 | Saala Dhiira |
| 9ffaa Yoonaas Giddoo Mootii | Umrii:- 21 | Saala Dhiira |

Hojjia Jaraa:- Barattoota

Teessoo Jiraa:- Magaalaa Jimmaa Yuunivarsitii Jimmaa Kaampaasii Ginjjo

Hirmiffaa 1ffaa

Yakkichii

Labsii Seera Yakkaa Federaala Bara 1996 Bahe Kew. 35, 32(1A) F

## Magaalaa Jimmaa Keessatti Sochii Qeerroon Mirga Abbaa Biyyummaasaaf Taasisaa Jiru Daran Babal'ate

April 1, 2016

**Ebla 1,2016 Jimma**




Guutummaan Magaalaa Jimmaa Gootummaa Qeerroon taasisaa jiruunraafama guddaa keessa siintee jirti.Qeerroon Yuunibarsiitii torban darbe keessa Waraqaa Qeerroo mooraa Yuunibarsiitii keessatti dhoobaa akkuma ture har'as gootummaaf murannoon qeerroo magaalaa Jimmaa ykn humna diinaa buufatee magaalicha keessa hidhannoo guutuun socho'u hudhee qabee jira Bulchuinsa Gandaa magaalattii keessa sadii irratti guyyoora sadii dura Alabaan ABO harka qeerroon bocamee fannifamee ooleera.Gandoota Alaabaan keessatti fannifaman kanneen akka Ganda Bachoo Booree,Ganda Gunjoow Guduruu,Ganda Mandaraa Qochii yoo ta'an Alaabaan kunneen kan hanga har'atti buusuu sodaatan jiru ganda Bachoo Boree keessaa har'allee buusuu sodaate dhoksuuf fala dhabaa akka jiran argaaf dhageettiin Qeerroo ifa taasisa.


Haaluma kanaan halkan edaas Magaalattii keessatti Waraqaan qeerroo bakkeewwan Qochii fi Meentiinaa akka Cina Yunibarsiitii Rift Valley keessatti waraqaan Qeerroo dhadannoo jajjaboof Alabaa ABO qabattee jirtu dhobamaa turan Dhadannoowwan Waraqaa sanarraa

#ABOn Kallacha qabsoo Oromooti
#OPDOn maxxantuu Wayyaaneeti
#ADWUIn Saamtuudha
#Gamtaaf tokkummaa keenyaan nii bilisoomna
#Abbaan biyyaa Oromoodha

Jedhaman Qeerroon magalachi keessa bittimfamaa bulani.Jaleen Waayyaanee OPDOn ABOn magaalaa qabatee jira jechuun rifaatee guddaa keessa seentee jirti.

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

About these ads




Share this:

Facebook 14 | Twitter | LinkedIn | Google | Telegram | WhatsApp | Skype | Pinterest | Reddit | Pocket | Tumblr | Email | Print

Like

8 bloggers like this.

Related



Oromia: #OromoProtests: Gabaasa Fincila Xumura Garbummaa (FXG) Oromiyaa 2016 (March)
In "#OromoProtests"



Oromia: #OromoProtests: Gabaasa Fincila Xumura Garbummaa (FXG) Oromiyaa 2016
In "#OromoProtests"



Oromia: #OromoProtests: Gabaasa FDG/FXG Oromiyaa

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com

In "#OromoProtests November 2015"

### Comments»

No comments yet — be the first.

### Leave a Reply

Enter your comment here...

The Regulus Theme. | Create a free website or blog at WordPress.com. | Top |

Follow

## Follow "OromianEconomist"

Get every new post delivered to your Inbox.

Join 2,931 other followers

Enter your email address

Sign me up

Build a website with WordPress.com

Web2PDF
converted by Web2PDFConvert.com